KEEYYATA AMANTII

Waldaa Yesuus Kiristoos Qulqullootaa Guyyaa Boodaa

NUYI WAAQAYYOON, isa abbaa bara baraa ta'etti, akkasumas Ilma Isaatti, Yesuus Kiristoos, fi Hafuura Qulqulluutti nii amanna.

2 Nuyi namoonni kan adabaman cubbuu ofii isaaniitiif malee, irra daddarbaa Addaamiif akka hin taane nii amanna.

3 Nuyi karaa Gatii kaffaltii cubbuu Kiristositiin, seerotaa fi sirna wangeelaatiif abboomamuudhaan, ilmi namaa hundinuu fayyuu akka danda'u nii amanna.

4 Nuyi qajeelfamni bu'uuraa fi sirnoonni wangeelaa warri jalqabaa: tokkoffaan, Gooftaa Yesuus Kiristoositti amanuu; lammaaffaan, Yaada garaa geeddarachuu; sadaffaan, Dhiifamuu cubbuutiif cuuphaa gadi fagoo cuuphamuudhaan; afuraffaan, Kennaa Hafuura qulqulluutiif harka irra kaa'uutti nii amanna.

5 Nuyi namni tokko wangeela lallabuuf, akkasumas sirna achi keessa jiru bulchuuf, raajiidhaan, warra aangoo qabaniin harki irra kaa'amuudhaan, Waqayyoon waamamuu akka qabu nii amanna.

6 Nuyi jaarmayaa tokkotti Waldaa Jalqabaa keessa akkuma ture, jechuunis, ergamoota, raajota, paasteroota, barsiisota, lallabdoota wangeelaa fi kan kana fakkaatan nii amanna.

7 Nuyi kennaa afaan haaraa, raajii, mul'ataa, arguu, fayyisuu, afaanota hiikuu fi kan kana fakkaatan nii amanna.

8 Nuyi Macaafni Qulqulluun hamma sirriitti hiikametti dubbii Waaqayyoo akka ta'e nii amanna, nuyi dabalataan Macaafni Mormon dubbii Waaqayyoo akka ta'e nii amanna.

9 Nuyi waan Waaqayyo mul'isee ture hundumaa, waan Inni amma mul'isu hundumaa, akkasumas nuyi ammas waantota gurguddaa baay'ee fi waantota barbaachisoo Mootummaa Waaqayyoo wajjin wal qabatan akka Inni muli'isu nii amanna.

10 Nuyi Isiraa'eloonni kallattiidhaan walitti qabamuu isaanii fi Gosoonni Kurnan iddoo isaaniitti deebi'anii akka dhaabaman; akka Xiyoon (Yerusaalem haaraan) ardii Ameerikaa keessatti akka ijaaramu; Kiristoos lafa irratti dhuunfaadhaan akka mo'u; akkasumas, lafti akkahaarefamtuu fi ulfina isaa isa jannata ta'e akka argattu nii amanna.

11 Nuyi akka ajaja qor-qalbii keenyaatti mirga Waaqa isa Hundumaa Danda'u waaqeffachuu arganneerra, akkasumas namoota hundumaatiifis mirga wal-fakkaatu Isaan akkamitti, eessatti, yookiin maaliin akka waaqeffataniif nii heyyamna.

12 Nuyi moototaaf, pirezidaantotaaf, bulchitootaaf akkasumas abbootii murtiitiif, abboomamuuf, kabajuu fi seera deggeruu jalatti buluutti nii amanna.

13 Nuyi Amanamummaatti, dhugummaatti, qulqullumaatti, arjummaatti, amala gaariitti, namoota gargaarsa barbaadan hundumaf gaarii gochuutti nii amanna; nuyi ifatti gorsa Phaawuloos duukkaa in buuna jechuu nii dandeenya—nuyi waan hundumaa nii amanna, nuyi waan hundumaa nii abdanna, nuyi waan baay'ee obsinee jirra, akkasumas waan hundumaas obsuu akka dandeenyu nii abdanna. Waanti gaarummaa qabu, jaalala, yookiin gabaasa gaarii yookiin galateeffamuuf kan malu yoo jiraate, nuyis waantota kana nii barbaanna.

YOOSEEF ISMIIZ.

Unofficial poster layout of the text published on churchofjesuschrist.org. Not an official publication of The Church of Jesus Christ of Latter-day Saints. Generated by Urim, urim.samuelbaird.com